


Odeeffannoo waa'ee Madaallii Waliigalaa Minnesota (MCAs)



MCA'n maaliidha?

Madaalliin Waliigalaa Minisootaa (MCA) madaallii dubbisa, herregaa, fi saayinsii yoo ta'u, waggaa waggaan kan geggeeffamuudha. MCA'n Istaandardii Barnootaa Minisootaa irratti kan hundaa'an yoo ta'u, kunis barattoonni kutaa murtaa'e tokko keessa jiran maal beekuu akka qaban fi maal gochuu akka danda'an kan ibsudha.



MCA eenyutu fudhachuu danda'a?

Barattoonni bulchiinsa Minisootaa fi manneen barnootaa chaartaraa hundi MCA ni fudhatu. Dubbisuu fi Herregni MCA kutaa 3–8 fi mana barumsaa sadarkaa lammaffaa keessatti geggeffama (barattoonni kutaa 10 MCA Dubbisuu akkasumas barattoonni kutaa 11 immoo MCA Herregaa fudhatu). MCA Saayinsii barattoota kutaa 5 fi 8 fi kutaa mana barumsaa sadarkaa lammaffaa kanneen koorsii saayinsii jireenyaa ykn baayoloojii itti fudhataniif kan kennamudha.



Barattoonni MCA akkamitti fudhatu?

Barattoonni Dubbisuu, Herrega, fi Saayinsii MCA toora interneetii irratti fudhatu. Barattoonni tokko tokko Sagantaa Barnoota Dhuunfaa (IEP) ykn karoora 504 isaanii irratti hundaa'uun MCA waraqaa irratti fudhachuu danda'u.



Barattoonni maaliif MCA fudhatu?

MCA'n akkaataa bulchiinsi fi manneen barnootaa sadarkaa barnootaa Minisootaa barsiisaa jiran odeeffannoo walitti qabuuf kan ooludha. Manneen barnootaa odeeffannoo kana meeshaalee Sirna barnootaa fi deeggarsa barattootaa fooyyessuuf fayyadamu. Barsiisonni karaalee ogummaawwan kana itti barsiisan cimsuu akka danda'aniif naannoowwan barattoonni hojii gaarii itti hojjetan barbaadu. Barsiisonni kaarikulamii sadarkaa isaa eeggate fi naannoowwan barnoota fooyyessuu danda'an barbaadu.



Sirrummaa
daataa
dabaluu

Murtii distiriktii fi
mana barumsaa
odeeffannoo
irratti hundaa'e

Hirmaannaa MCA keessatti

Hirmaannaa barattootaa MCA keessatti sababa mana barumsaa fi distiriktii keessanii barattoonni hundi barnoota qulqullina olaanaa akka argatan mirkaneessuuf kaarikulamii fi qajeelfama isaanii madaaluuf carraa kennuuf barbaachisadha. Barattoonni baay'inaan hirmaatan, distiriktii fi manneen barnootaa akkaataa maallaqaa fi qabeenya barattoota hunda deeggaruuf itti fayyadaman irratti murtoo sirrii ta'e akka murteessaniif galtee daataa sirrii ta'a.